

## Talaalii COVID-19: Barruu Maal akka ta'uu malu

Talaalii COVID-19 fudhachaa jirtan yoo ta'e ykn fudhachuuf yaadaa jirtu yoo ta'e, talaalii fudhachuu keessan dura ykn erga fudhattaniin booda wantooti isin beekuu qabdan isaan kana.

Talaaliiichi midhamalessaa fii COVID-19 akka isin hin qabne isin irraa eeguuf isin gargaara. Talaaliiicha irraa COVID-19 isin hin qabatu.

Talaaliiichatti keemikaalli (preservatives) itti hin dabalamne. Qabiyyee talaaliiicha keessa jiru ilaalchisee odeeffannoo dabalataaf marsariitii damee Fayyaa Minesootaa daawwachuu dandeessu.

Talaaliiichi nama hundaafuu tola. Enshuraansii fi hayama jireenyaa qabaachuu dhabuun homaa tokka rakkoo hin qabaatu.

Bakka talaallin itti kennamu yeroo geessan, waraqaan waa'ee talaaliiichaa sirriitti ibsu isiiniif ni kennama. Bakka gariitti waraqa waa'ee talaaliiichaa ibsu kana argachuu keessaniifi talaaliiicha fudhachuuf itti waliigaluu keessan mirkaneessuuf maqaa keessaan akka mallattesitan isin gaafachuu malu ta'a. Talaalii kana fudhachuuf haalli fayyaa keessanii kan hayyamu ta'uu isaa baruuf hojjetootni fayyaa gaaffii muraasa isin gaafatu

Talaalii marsaa lammaffa yoo kan isin barbaachisu ta'e, namni talaaliiicha isniif kennu isin beeksiisa. Yoo fudhannaa lamattaa isin barbaachise, fudhannaa lamaanuu fudhachuun barbaachisaa dha, akkasumas talaaliiichi gosa tokko ta'uu qaba. Fudhannaa isa lammafaa otoo hin fudhatin torban sadii hanga torban afurii eeguu isin barbaachisa.

Erga talaaliiicha fudhattaniin booda adanyoo (allergy) kamuu akka hin qabaanne mirkaneeffachuuf kilinikichatti daqiiqaa 15 hanga 30 tiif kan turtan ta'a. Guyyaa talaalii itti fudhatan kan agarsiisu kaardii ni argattu. Talaalii isa lammaffaa fudhachuun keessan barbaachisaadha yoo ta'e, guyya beelamaa keessan akka isin yaadachiisuf, kaardii irratti guyyaa beellamaa barreessuun ni danda'ama.

Talaalii kana erga fudhataniin booda, miidhaa cinaa hanga tokko qabaachuu ni mala. Miidhaan cinaa sirratti argamuu malan qaama dhukkubbi bakka waraantoo talaalii, dadhabbii, mataa bowwuu, qaama caccabsaa, dhagna gubaa, ykn hollachiisuu of keessaa qaba. Miidhaaleen qabata kanaan dhufan kun guyyaa tokko ykn lama keessatti baduu qabu. Miidhaan qabata talaalii kanaan namatti dhaga'amu waanuma eegamu fii talaaliiichi hojjechaa jiraachuu isaa kan agarsiisudha! Akkasumas, qabata talaalii kanaan dhukkubbiin kamuu yoo isinitti dhaga'umuu baatees rakkoo hin qabu. Kiliiniika talaalii itti fudhatan kanarraa erga deemtaniin booda yoo dhukkubbii adanyoo (allergy) cimaan isinitti dhaga'ame, battaluma sana 911 bilbilaa, ykn gara hospitaala isinitti dhihoo jiru deema.

Erguma talaalii COVID-19 kana fudhataniin boodayyuu, of eeggannoo ittisaa barbaachisan ittuma fufuun yeroo barbaachisutti gochuun isin irraa eegama.

Waa'ee talaalii COVID-19 odeeffannoo dabalataa argachuuf : [health.mn.gov/covidvaccine](https://health.mn.gov/covidvaccine) daawwadhaa.

Minnesota Department of Health  
Communications Office  
PO Box 64975  
St. Paul, MN 55164-0975  
651-201-4989  
[health.communications@state.mn.us](mailto:health.communications@state.mn.us)  
[www.health.state.mn.us](http://www.health.state.mn.us)

2/24/21 (Oromo)

Odeeffannoo kana dhangii/bifa adda taheen argachuudhaaf, bilbilaa: 651-201-4989